Kutaa 3ffaa

"Namni Waaqaa akka qulqulluu fi hujii gaariif qophaawaa ta'uuf kitaabni Hafuurri Waaqaa irra jiru cufti barumsa rifachiisuuf qalbii sirreessuuf gorsa qajeelinnaatiifis ni fayyada."
Xim 2ffaa 3: 16-17

"Hiikkaan dubbii keetii ni ifa; daa'immanis hubattoota taasisa." Far 118(119):130

Baafata:-

Kutaa 3ffaa

Barumsa Kudhanii tokkoffaa:-

dhufaatii Gooftaa tan yeroo lammaffaa.....5

Tajaajila Hoga-Barruu wangeelaa

Barumsa fagoo

Kaayyoon barumsa kanaa warra Gooftaa amanuutti haaraya ta'aniifi warra yoo amantii keessa turanillee jireenya hafuura isaanii caalaatti cimsuu barbaadan barumsa kiristaanummaa barsiisuufi akka isaan jireenya hafuuraatiin guddatan gargaaruufi. Akkuma, "farda bishaanitti fidda malee akka inni bishaan dhugu hin dirqisiiftu" jedhamu sana barnoonni kunneen yoo barattoonni sirriitti hordofanii kutaalee kitaabaa isaan keessa jiran kitaaba Qulqulluun wal-bira qabanii jabaatanii qayyabachuu baatan yeruma tokko qofa dubbifachuun bu'aa barbaadamu argamsiisuu jechuu miti. Warri barnoota kana hordoftan hundi kitaaba qulqulluu keessan banattanii kutaalee isaatiin wal-bira qabuun akka tokoo tokkoo barumsa kanaa cimtanii qu'attan ni barsiisa.

Barnoota kanneen dhuunffaattillee yookiin gareen kitaaba qulqulluun qayyabachuuf itti fayyadamuun ni danda'ama. Namni Waldaa Kirstaanaa keessatti barattoota haaraya barsiisuuf itti gaafatama qabu tokkos itti fayyadmuu ni dand'a. Warri karaa keennaan barnoota kanneen dhuunfaan hordofuu barbaaddan garuu duraan dursitanii galmeeffamuu fi lakkoobsa eenyummaa fudhachuu qabdu. Sana booddees gaaffilee xummuramaa tokkoo tokkoo barmoota kana irra jiraniif deebii quubsaa erguun barmoota fagoo kana itti fufuu dandeettu.

Barnoonni fagoo kunneen barnoota bu'uuraa kudhanii-lama uf keessaa qaba; Kanas afur afuriin kutaa sadiitti qoonnee dhiyeessineerra. Mata dureewwaan isaaniis mata dureewwan kiristaana tokkoof ni barbaachisu jennee itti amannee dha. Barnoota kanneenis yaada tokkoo fi qalbiidhaan qayyabattanii akka deebii quubsaa barumsa sanaan wal-fudhatu kennitan malee jarjarsuufi uf-irraa baasuuf jettanii yookiin deebii barumsa sanaan wal-hinfudhanne akka hin kennine isin yaadachiisna.

Mata Dureewwan Barnootaas kanneen armaan gadi jiranii dha.

Kutaa Tokkoffaa

1. Fayyinna
2. Dubbii Waaqaa
3. Waaqa Kadhachuu
4. Amantii

Kutaa Lammaffaa

5. Tokkummaa amantootaa
6. Lola Hafuuraatii fi aangoo amantootaa
7. Sirnaallee waldaa kirstaanaa
8 . Kennuu (arjoomuu)

Kutaa sadaffaa

9. Sadan tokkummaa Waaqaa
10. Hafuura Qulqulluu
11. Deebi'ee-dhufaatii Gooftaa
12. Tajaajila

Yoo isin barnoota afran kutaa kana keessatti argaman sirriitti qayyabattanii deebii isaanii walitti qabdanii nuu ergitani deebii keessan ilaallee kutaa itti aanu isinii ni ergina. Yeroo kutaa 3^{ffaa} xummurtanitti immoo, waraqaa ragaatii fi traanskiriptii barnoota fagoo kana xummuruu keessan mirkaneessu isinii ergina.

BARUMSA KUDHANII TOKKOFFAA:- DHUFAATII GOOFTAA TAN YEROO LAMMAFFAA

Kutaan kitaabaa kan handhura wangeelaa jedhamu kitaaba Qor 2ffaa 15:3-4 keessa jira; kutaan kun akka Kiristoos cubbuu keennaaf jedhee du'e, akka inni awwaalamee fi akka inni guyyaa sadaffaatti du'aa ka'e dubbatta. Yesuusiin du'aa ka'e kun jidduu gaafa du'aa ka'e sanaa barattoota isaatti, namoota garagaraattiifi gumii namoota dhibba shani caaltutti muldhate. Eega du'aa ka'een booddee immoo samiitti ol bahee gama harka Waaqaa kan mirgaa taa'e.

Yesuus erga barattoota isaa walitti qabee akka isaan Yerusaalemii jalqabanii hanga muummee (daarii) lafaatti dhugeessitoota ta'aniif itti himee booddeeotuma barattoonni isaa arganuu isaan biraa samiitti ol ba'e. Duumesilleen dhufee isa simate. (Mar 16:19, HuE 1:9). Yeroo Yesuus isaan biraa deeme sana otoo barattoonni ija (ila) babaasanii isa ilaalanuu namoonni uffata adadii uffatan (maleekkonni) lama gara isaanii dhiyaatanii, "yaa worra Galiilaa isin maaliif gara samii oli ilaalaa asi ejaajjitan? Yesuusii isin biraa gara samii deeme kana akkuma isaa deemu agartan kana isaa deebi'ullee argitu" jedhaniin. HuE 1:11.

Yesuus otoo hin du'iniin duratti, yeroo fuula hangafa lubootaa dura dhaabate sana, "Ilma namaallee isaa duumessa samiitiin dhufu ni argitu" jedhe. Mar 14:62 Barattoonilleen eegii Yesuus du'aa ka'ee booddee akka inni ammallee deebi'ee dhufu irra deddeebi'anii barsiisan. Ergamtichilleen akkana jedhee akka lammaffaa dhufaatiin Kiristoosii abdii guddaa Kiristaanaa ta'e dhubbate: abdiin keenna eebbifamaan, dhufaatii ulfinna Waaqa keenna guddichaatiifi fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosii eeganna" (Tit 2:12-13).

Guyyaan Gooftaa Kun

1. Akkuma hattuun dhuftu sana akkuma tasaa dhufa. (Mat 24:43-44)
2. Guyyaa fi sa'aatiin isaalleen hin beekamu (Tas 1ffaa 5:1, Mat 24: 36-39)
3. Yeruma tokkotti nama cufatti muldhata (Mat 24: 26-27)

Milikkita (malkata) Dhufaatii Isaa

Akkuma Mat 24:3-44 keessattii fi kutaalee kitaaba dhibiillee keessatti ibsame sana otoo Kiristoos yeroo lammaffaa hin dhufin milikkitoonni kunniin ni ta'u:-

1. Worri baayyeen ani Kiristoos (Masiihicha) jechaa maqaa Kiristoosiitiin ni dhufu.
2. Sabni sabatti, mootummaanis mootummaatti ka'a.
3. Beelaa fi golfaatu lafatti bu'a.
4. Bakka garagaraatti sochiin lafaa ni argama.
5. Kiristaanonni ni gaargalfamu, dabarsaniis wal- kennu
6. Worri amantiin hin jabaannee fi worri guggufatan ni jiraatu.
7. Raagonni dharaatiifi barsiistonni dharaa ni dhufu; akka worra filataminiyyuu dogongorsaniif waan ajaa'ibaa fi baasaa hojjatu.
8. Sababii hammeenni lafatti baayyatuuf, jaalalti nama hedduu ni qabbanoofti.
9. Wangeelli mootummaa Waaqayyoollee akka nama hundumaaf dhugaa bayiisa ta'uuf ni lallabama (Mat 24:14)
10. Barri akkuma bara Nohii ta'a; (namoonni waayee waan Waaqayyoo dhiisanii hujuma isaanii kan guyyaa guyyaa hojjachuutti fufu.)
11. Barri sodaatiifi barri (dhiphinnaa) lafatti ni dhufa (Tim 2ffaa 3:1-5, Luq 21:25-26

12. Qorannoo fi beekumsi ni baayyaata (Dan 12:4)
13. Otoo Kiristoos hin dhufne masiihiin dharaa, (Ilmii badiisaa) duraan dursee ni muldhata (Tas 2^{ffaa} 2:3-4).

Yoo Milikkitoota kanneen keessaa milikkinni haga hardhaattillee hin argamin milikkita lakkoobsa 9 irratti himame sana qofa jenne, dubbiin tun waan dhugaa irraa fagaatee miti.

Phe 2^{ffaa} 3:9 irratti waan dhufaatiin gooftaa tan yeroo lammaffaa turteef, " akka namoonni tokko tokko waan inni barfatu se'an sana gooftaan waayee kakuu (waadaa) irraa hin barfatu; garuu waan akka namni martinuu cubbuu irraa deebi'uu malee akka hin banne jaalatuuf isinii jedhee Obsa" jedha.

Haala Gooftaan itti dhufu

1. Duumessaan (Mar 14:62)
2. Ulfinnaan (Mat 24:30)
3. Maleekkota isaa woliin (Mat 24:31)
4. Arraba ibiddaatiin Tas 2^{ffaa} 1:7)
5. Magalata Waaqaatii fi qoonqa hangafa maleekkotaatiin taati. (Tas 2^{ffaa} 1:7; Tas 1^{ffaa} 4:16)

Waan yeroo Gooftaan dhufu ta'u

A. Waan amantootaaf ta'u.

1. Warri Gooftaa amananii du'an duraan dursanii du'aa ka'an (Tas 1^{ffaa} 4:16)
2. Eegasii nu warri lafa irratti hafnee lubbuun jirru qilleensa irratti Gooftaa simachuuf jara sana waliin duumessaan butamna (Tas 1^{ffaa} 4:17).

3. Akkasuma ammallee yeroo mara isa waliin jiraanna (Tas 1ffaa 4:17)
4. Yesuus qulqulloota waliin hanga waggaa kumaa moo'a (Mul 20:4-6)
5. Inni qulqulloota isaa irraa ulfinna argata (Tas 2ffaa 1:9).
6. Qulquloonni isaa ni ajaa'ibsiifatan (Tas 2ffaa 1:10).
7. Qulqulloonni isaas isa irraa ulfinna argatu (Tas 2ffaa 1:10-12, Mul 20:4-6)

B. Waan warra hin amannetti dhufu

1- Balleessaa isaa hojjataniif Waaqayyo haaloo isaan baasa; hammeenni isaan qulqulloota Gooftaa irratti hojjatan hundi isaanitti hojjatama (Tas 2ffaa 1:7a)

2- Fuula humna Waaqaatii fi ulfinna Waaqaa duraa fagaatu (Tas 2ffaa 1:10)

3- Badii barabaraatiin adabamu (Tas 2ffaa 1:6-9)

Eegii dhufaatiin Gooftaa akkana ta'e nu amantoonni dhufaatii Gooftaa akka malutti eegachuu qabna.

Akki nu itti dhufiisa Gooftaa Eeggannu

1- Cubbuu hojjachuu fi hawwii biyya lafaa dhiisu /lagachuu/ (Tit 2:12; Tas 1ffaa 1:10)

2- Qajeeltotaa fi warra hirdhinna hinqabne ta'uun (Fil 1:9-11) "Akka isin ulfinnaa fi galata Waaqaatiif jettanii firii qulqullummaa kan Yesuus Kiristoos keessatti argamuun guutamtanii guyyaa Kiristoosiitiif qajeeltotaa fi worra hirdhinna hin qabne taataniif."

3- Uf-qabiisaa fi qulqullummaan Waaqa fakkaachaa jiraachuu (Tit 2:13)

Dhufiinsi Gooftaa kan yeroo lammaffaa nu amantootaaf hiikkaa maalii qaba?

1- Wanni Gooftaan dhufuuf horii nutti kennate sana dhala woliin fudhachuuf.

Yoo nu durii durii Waayee horii Mat 25:14-30 keessatti ilaallu, akka Gooftaan garboota sadan sanaa akkuma dandeettii isaaniitti isa tokkoof taalentii shan, isa tokkoofillee taalentii lama, isa kaaniif ammoo taaleentii tokko kennee lafa dhibii dhaqe argina. Ergasii immoo akka inni bara hedduun booddee deebi'ee isaan gaafate dubbifna. Deebii garboonni sadan kennaniifii fi waan Gooftaan sun isaaniin jedhellee kutaa kitaabaa sana keessatti dubbifachuu dandeenna. Gooftaan gaafa deebi'u nullee maal nuun jedhinna? Yoo nu taaleentii keenna awwaallee jiraanne, yeroo nu itti fuula Gooftaa duratti qaanofnu, yoo nu taaleentii keenya irraa faayidaa argannee jiraanne immoo yeroo itti" ... waan gaarii hojjate! ati garbicha gaariidha" nuun jedha ta'a.

2. Gooftaan yeroo dhufutti warra qophaayee isa eeggatu qofa fudhata!

"Worra mudhiin keessan hidhattan ifni keessanis kan ifu haa ta'u. Isinilleen warra akka yeroo gooftaan isaanii dhufee balbala dhadhawutti duraa banuuf jedhanii hanga inni fuudhaa deebi'utti dammaqanii isa eegan fakkaadhaa. Garboonni Gooftaan isaanii yommuu dhufutti isaanii jabaatanii jiran isaan argu eebbifamoodha. ... kanaafuu isin qophaa'aa jiraadhaa; Ilmi namaa yeroo isin itti hin eeginitti ni dhufa" Luq 12:35-40.

Yoo seenaa dubara babbareedoo kudhannan sanaa Mat 25:1-13 irratti dubbfnu, akka isaani shan dadhaboo ta'anii, shan immoo qalbii qabeeyyii ta'an agarra. Warri shanan Abbaa fuudhaa waliin galma fuudhaa seenan; Akka warri babareedoonni

gowwoonni shanan garuu galma fuudhaa sana seenuu hin danda'in agarra. "Warri qophaayee eegachaa ture isa waliin galma fuudhaa seene; balballis ni cufame. Dhufiisi Gooftaa kan yeroo lammaffaalleen warra isa waliin seenuu danda'u, warra qophaayee isa eegatu qofa.

Yoo nu qulqullummaan, ciminnaa fi amanamummaa Gooftaa eeganne, kennaawwan ayyaana keessaa tokkoyyuu nurraa hin hirdhatu. Akkasumas Gooftaan mataan isaa akka nu guyyaa " sana hirdhinnaa fi xurii malee muldhannu nu taasisa.

"Yoo isin muldhachuu Gooftaa keennaa kan Yesuus Kiristoosi akkanaan eeddan, kennaan Hafuuraa tokkoyyuu isin irraa hin hirdhatu; innilleen akka isin guyyaa Gooftaa keennaa kan Yesuus Kristoositti xurii malee jiraattaniif hanga dhumaatti isin jajjabeessa; (Qor 1^{ffaa} 1: 7-8)

Hanga Gooftaan dhufutti , garboota jabaatanii isa eegan haa taanuu !


Kun murtii dhumaa otoo hin ta'in barcumaa murtii kan amantoonni Gooftaa irraa itti gatii isaanii
Rom. 14:10, 2Qor. 5:10, Mul. 22:12
Barcumaa murtii Kiristoosii
1Qor. 3:13-15
Fuudha Hoolichaa
Mul 19:7-9
Qilleensaan butamuu
1Tas 4:13-18
Dhufiisa Kiristoosii
kan yeroo lammaffaa
Mul 19:11-16
Yeroo Qulqullonni lubbuun jiranii fi kanneen warra du'an keessaa kaafaman fudhataman
Muldhachuu fi aangoo qabaachu isaa Kiristoosiin mormu sanaa
Mul. 13, 2ተሰ. 2
Dan 7, 11
Bara dhumaa
666
Babaldhinna wangeelaa kan addunyaa guutuu keessaa
Mat. 24:14
Lamaffaa Kan Dhalatan
Gaargala guddicha
Dan 12:1
Lola Armageedooni
Mul 19:17-21
Gaara Ejersaa
Zak. 14:1-4
Worri du'an kanneen hafan garuu hanga woggaan kumaa dhumutti lubbuun hin jiraanne Mul 20:5
kan Kiristoosiin mormu sun ni balleeffama
2Tas. 2:8
Mul 19:20
Sheexanni woggaa kuma tokkof hidhama
Mul 20:1-3
Du'aa ka'iinsa jalqabaa Mul Yoh 20:6

Barumsa Kudha Tokkoffaa:- "Dhufiisa Gooftaa kan Yeroo Lammaffaa"

Lakkoobsa _____
Waraqaa eenummaa: _____
Maqaa: _____
Teessoo _____
_____

1) Waayee dhufiisa Gooftaa kan yeroo lammaffaa beekuun maaliif barbaachisa?

2) Dubbiini Waaqaa waayee guyyaa fi sa'aatii Gooftaan yeroo lammaa itti dhufuu maal jedha?

3) Waan otoo Gooftaan hindhufin duratti akka milikkitaatti ta'u keessaa shan ibsi.

4) Gaafa Gooftaan yeroo lammaffaa dhufutti amantoo-taaf maal fa'attu ta'a? Warra hin amanneef hoo?

5) Kiristaanni tokko dhufiisa Gooftaa akkamitti eegachuu qaba? Maaliif?

6) Ergaan dhufaatiin Gooftaa kan yeroo lammaffaa sitti himu/sii dabarsu maalii?

7) Yoo silaa Gooftaan hardhuma dhufe, ati isa simachuuf hagam qophooftee jirta?